STAY SAFE MN

Manneetii Barnootaa keessatti COVID-19 Ittisuudhaaf Shaakala Gaariif Gorsa Kennaman: Ergaawwan Ijoo

11/9/2021

- Manneen barnootaa, ispoortiiwwan ykn sochiilee biroo qaamaan keessatti argaman keessatti yeroo hirmaatanitti ofii isaaniitii fi namoota naannoo isaanii jiran kanneen talaalamuu hin dandeenye irraa dhibecha ittisuuf, namoonni umurii 5 fi isaa olii hundi **talaallii COVID-19 fudhachuu** qabu. Dhiyeessaa kunuunsa fayyaa keessaniitti ykn Bakkeewwan Talaallii Barbaadaa (https://mn.gov/covid19/vaccine/find-vaccine/locations/index.jsp) isinitti dhiyoo jiranitti dubbadhaa.
- Gamoowwan mana barnootaa keessaa kan jiran barattoonni, barsiistoonni, hojjettoonni, fi daawwattoonnii hundinuu haalli talaalliin isaanii kamiin ta'u illee mana keessatti **maaskii kaawwachuu** qabu. Talaalamaniis talaalamuu baatanis alatti, bakkeewwan namoonni itti baay'atan, kan daddarbiinsi cimaa ykn guddaa itti ta'etti maaskiiwwan godhatamuu qabu.
- Yeroo danda'aame kamittiyyuu manneetiin barnootaa **dareewwan keessatti barattoota gidduutti fageenya qaamaa faana 3** eeguu qabu. Barattoota gidduutti fageenya qaamaa faana 3 eeguun yeroo hin danda'aamnetti, tarsiimoota ittisaa kan biraa irratti dachaa godhuun keessattuu barbaachisaa dha.
- Barattoonni, barsiistoonni, hojjettoonni **dhukkuubiin yoo isaanitti dhagahame mana turuu** qabu; akkasumas yaalii fi kunuunsa arggachuuf dhiheessaa kunuunsa fayyaa qunnamuu qabu.
- Barattootni, barsiistonnii fi hojjettootni **guutummaatti talaalaman ykn ji'oottan sadan darban keessatti bu'aan qorannoo isaanii poozetiivii ta'e, nama dhibee sanaan qabamuun isaa mirkaneeffame waliin yoo quunnamtii walitti dhiyoo kan dhiyeenyaa yoo qabaatan hanga mallattoon dhibee irratti hin mul'annetti ykn bu'aan qorannoo isaanii poozetiivii hin taanetti mana turuu hin qaban**. Waa'ee nama dhibee kanaan qabamuun isaa mirkaneeffameef saaxilame kamiifuu qajeelfama qorannoo 'CDC' hordofaa.
- Akka qajeelfama 'CDC'tti, namoonni guutummaatti hin talaalamnee fi mana barnootaa, ispoortii fi sochiilee barnootaan alaa keessatti qaamaan hirmaataa jiran (fi maatiiwwan isaanii dabalatee) COVID-19 **yeroo yerootti qoratamuu** qabu.
- Manneen barnootaa **qilleensa faarsuu, kophummaa fi adda bahiinsa wajjin wal makamee faana dhawuu quunnamtii, haarka dhiqachuu, sirna eeggannoo hargansuu, qulqulleessuu, fi bakkoota qulqullinatti eeguun** akka ittisa barbaachisaa dachaawwanii jajjabeessuu qabu.

MINNESOTA

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 651-201-5000
625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975

Bifa biraadhaan gaafachuuf health.communications@state.mn.us quunnamaa. (Oromo)